Hariira qallaa fi furdaas hin uffatinaa, meeshaa warqee fi meetii irraas hin dhuginaa, meeshaa isaan irraa hojjetame keessatti hin nyaatinaa, isheen addunyaa irratti isaaniifi (kaafiroota), Aakhiraatti ammoo nuufi

Abdurrahmaan bin Abii Leylaa irraa odeeffame, Isaan Huzeyfaa bira turan, Bishaan akka obaasan gaafatee, namichi majuusiin tokko isa obaase, meeshaa ittiin dhugan harka isaa keessa kaahee jennaan isaan isa darbatee, akkas jedhe: osoon ani yeroo tokko ykn yeroo lama isa dhoorguu dhabee -akka waan akkas jedhu fakkaata: silaa kana hin dalagu- haa ta'u malee Nabiyyii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkas jedhuun dhagahe: «Hariira qallaa fi furdaas hin uffatinaa, meeshaa warqee fi meetii irraas hin dhuginaa, meeshaa isaan irraa hojjetame keessatti hin nyaatinaa, isheen addunyaa irratti isaaniifi (kaafiroota), Aakhiraatti ammoo nuufi».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- dhiironni hariira gosa isaa hunda akka hin uffanne dhoorgan. Dhiirotaa fi Dubartoota meeshaa warqee fi meetii keessatti akka hin nyaanne fi hin dhugne dhorganiiru. Guyyaa qiyaamaa isheen mu'umintoota qofaaf akka qulqulluu taate himaniiru; sababni isaas Rabbiif tole jechuuf biyya duniyaa keessatti ishee irraa waan fagaataniif jecha. Kaafiroonni ammoo jiruu Aakiraa keessatti ishee hin qabaatan; sababni isaas isaan jireenya duniyaa isaanii keessatti ishetti fayyadamanii, ajaja Rabbii diduu isaanitiin wantoota gaggaarii isaanii keessatti waan ariifataniif jecha.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/2985